# 2. UUMAMA LAFAAFI GUBAA

***Uumama 1:1-2:3***

***Jalqaba***

Gaafa qara fiit'e, Waaqi lafafi gubba uume. Gaafasi lafti duwa, fuula inqabdu, aka injirtu. Dukanti d'immu bisaani gubbaa jirti. Ireeni Waaqa guddooni bisaani gubbaa dedeemti.

***Guyya Ja'a Kha Uumama***

Jennani Waaqi waan jed'e, "Ifsaani ha tahu." Jennani akasum tahe. Duuba Waaqi ifsaa fi dukana gargari baase. Inni ifsaani "Guyyaa" jed'e ammalle dukanani, "Halkan" jed'e. Waaqi akka ch'ufti dansa inarge. Galgali dabre, diiramillen ind'ufe, kunini guyya qaraati.

Jennaan Waaqi waan jed'e, "Wonti bisaan gubbaati fi kha jala gargari baasa haa taatu." Isiin akkasum taate. Waaqi waan suniin "gubba" jed'e. Galgali dabre, diiramillen ind'ufe, kunini guyya lameessoti.

Jennani Waaqi waan jed'e, "Bisaan laf gubba jiran ch'ufti haa fula tokooti waltideebianiiti akka biyyeen godduun mulattu." Isiin akasum taate. Waaqi bisaan woltideebian suniini baarini jed'e, amalle biyye goddu suniini lafa jed'e. Duuba Waaqi akka wonti kunin dansa arge. Duuba Waaqi waan jed'e, "Lafti mukha mimidhago fi mukha dodotii nyaata tolu ch'ufaa ha baftu." Duuba Waaqi worra eebise akka worri hore lafqabatu. Jennani galgali dabre, diiramillen ind'ufe, kunini guyya sadeesoti.

Jennani Waaqi waan jed'e, "Gubaani ha ifsee ak akaatin guutamtu: Akka ifseeni guddoni, adduuni, guyya mohate, duuba ifseeni didiqooni, ji'aafi urjiini halkan mohatu." Ammale Waaqi waan jed'e, "Ifseeni tunini ha guyyafi baraafi saati gargari baaftuti." Inni akka wonti kunin dansa arge. Galgali dabre, diiramillen ind'ufe, kunini guyya afreesoti.

Jennani Waaqi waan jed'e, "Gubbaani ha simpirre fi waan barrisa ch'ufaan guutamtuti, ammalle bisaani ha waan lubbu qaba kha bisaan daakhata heddu d'alani." Duuba Waaqi akka worri sanyi ufi gula hore lafqabatu eebise. Waaqi akka wonti kunini dansa inarge. Jennani galgali dabre, diiramillen ind'ufe, kunini guya shaneesoti.

Jennani Waaqi waan jed'e, "Lafti ha bineensa aka akaatin guutamtuti: bineensa alaati fi bineesa worra keesati fi, bineesa lafa irra lohullen." Isiin akasum taate. Duuba Waaqi bineensa kan ch'ufa eebise akka worri horre lafa qabatu. Waaqi akka wonti kunin dansa arge.

***Fakeenna Waaqa gula***

Jennani Waaqi waan jed'e, "Koota nam mid'asina fakeennafi akheekha keenna gula akka inni uumama ch'ufa mohatu." Akanaani Waaqi nama uume kha d'iiratifi kha

uwaalle ammalle akka worri uumama ch’ufa mohatu ajaje. Amalle Waaqi akka worri hore lafguutu worra eebise. Amalle Waaqi mukha dooti ch’ufa ak sagalee woraa kenne. Duuba Waaqi akka wonti inni uume ch’ufti dansa arge. Jennani galgali dabre, diiramillen ind’ufe, kunini guyya jaesso.

***Boqota Waaqa.***

Guyya torbesso, Waaqi hujii uumama la obaafate, duuba inboqote. Tanaafi Waaqi guyya torbesso qofa khaae, maan jenaani kunin guyya Waaqi hujii isa ta uumama irra boqote.

## TA GABAABINATI HIMAN

Gaafa qara fiit’e, Waaqi lafafi gubba uume. Gaafasi lafti duwa, fuula inqabdu, aka injirtu, ammalle dukanti d’immu bisaani gubbaa jirti. Ireeni Waaqa guddooni bisaani gubbaa dedeemti.

Jennaani Waaqi waan jed’e, “Ifsaani ha tahu.” Duuba ifsaani tahe. Waaqi akka ifsaani suni dansa arge, ifsafi dukana gargari baase. Jennaani Waaqi ifsaani guyya jed’e, dukanaani halkani jed’e. Akanaani galgali tahe diiramileeni tahe. Kunini guyya qara.

Guyya lammeesso, Waaqi bisaan jalaati fi kha gubaa gargari baase akanaani gubba uume.

Guyya sadeesso, Waaqi baarini fi lafa godduu gargarii baase ammalle mukha mimidhaago fi mukha midhaan ak akaa baasu ch’ufa uume.

Guyyaa afreeso, Waaqi ifsaa gubaati uume- akka adduuni guyya mohate, ji’a fi urjillen halkan mohattu. Akka wonti kunini akheekha guyyati fi baraatifi waan kan uume.

Guyya shanesso, inni simpireefi qurtummi uume.

Guyya jaeesso, inni waan lam gugurdo hojjate. Ta qara, bineensa fi uumama gosgosa kha laf irra deema ch’ufa uume. Ammalle yo waan lubbu qaba kha akka mukha, simpirree, qurtumii fi bineensa uumu chufa- inni ineebise akka worri horani. Ammalle guyya ch’ufa waan uume ch’ufaan “dansa” jed’e.

Duuba, guyya jaeesolle, akkan jed’e, “Koota nam mid’asina fakeennafi akheekha keenna gula akka inni uumama ch’ufa mohatu.” Akanaani Waaqi nama uume kha d’iiratifi kha uwaalle ammalle akka worri uumama ch’ufa mohatu ajaje. Amalle Waaqi akka worri hore lafguutu worra eebise. Amalle Waaqi mukha dooti ch’ufa ak sagalee woraa kenne. Waaqi akka wonti kunin dansa arge. Kunin guyya jaesso.

Guyya torbesso, Waaqi hujii uumama la obaafate, duuba inboqote. Tanaafi Waaqi guyya torbesso qofa khaae, maan jenaani kunin guyya Waaqi hujii isa ta uumama irra boqote.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**HIMAANSA JALQABA: Gaafi ato oduu inhimnee gaafatan gumii gaafadhu akka akka worri lam lamaan wolhaasau.**

- Namaa fi bineensi akkami gargari gora? Maafi nami gati gudo qaba?

**ODUU: Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -**

**Waan WAAQA irra maan baranna?**

**Oduu tan keesa, waan Sheetana irra maan baranna?**

(Gaafi tan keesa tokko yokhaani lama filadhu, adda iti dhaabadhu)

- **Karaan tokko kha atin arra dandeette jireenna kanke keesati jabeenna Waaqati sarmituun kami?**
  - **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? (akka inni waan ch'ufa harka qabu, akka inni ch'ufa irra jiru, yokhan guddinna isa irra)**
    - Waaqi jalqaba hinqabu. Isa inuumne. Inni yochufa hinjira.
    - Waaqati waan ch'ufa uume (Ifsafi, gubbafi, lafaafi, addufi, ji'aafi, urjifi, mukhafi, qurtumifi, binensafi, namaalle).
    - Inni woma irra inuumne. Waan jalqabati wa irra uuman inqabaanne. Waaqi DUBBI ch'allaani waan ch'ufa uume. Jabeenna dubbi isaatin waan ch'ufa uume.
    - Wonti Waaqi waan ch'ufa uumefi akka jabeenna waan ch'ufa irrati qabaatu.
    - Waaqati uumama isa jiraachise.
  - **Oduun tunini akka Waaqi waan ch'ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch'ufa jiru irra maan himti?**
  - Waaqi aka waan ch'ufa uumani imbeekhe.
  - Waaqi waan ilmee naamatii feesisa ch'ufa beekhe durati uume.
  - Waaqi akka hujiini uumama wolangaftu beekhe uume.
  - **Oduun tunini qulqulooma Waaqa irra maan himti? (akka Waaqi kha dhugaa tahe, akka inni qajeela tahe, akka inni abba seera tahe, akka inni ch'ubbuu jibbu, akka inni gati ch'ubuu duisaan baasu).**

- Wonti Waaqi uume ch'ufti qit'ooma qabdi. Inni irdedeebie, "Isiin dansaa" jed'e. Inni fula qit'ooma qabdu ilme namaati mid'aasse.

- Waaqi waan ch'ufa walangafsiise uume.
- Waaqi Adamu fakkenna isa gula uume. Ilme nama ta ch'ubbu hinqamne uume.
- Waaqi waan fuula qaba waan fula hinqamne irra uume.

- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa irra maan himti? (Jaalafi, arjooma Waaqatifi akka inni namaan haasau).**

- Waaqi waahela dansa Adamuu uume. Inni d'iirafi uwalle inuume.
- Waaqi lafa uume, aka nami gubba jiraatu.
- Waaqi mukha ch'ufa sagaleef uume. Akanaani namaa sagale ak akaa mid'aasse.
- Waaqi nama fakeenna ufiitin uume akka nami dandeeti wold'aqiisa Waaqa waliin horatu qabaatu.

**<u>Ilmee NAMA irra maan baranna?</u>**

- **Oduun tunini akka ilmeen nama Waaqaafi gati guddo qabdu garsiifti?**

- Waaqi ilme nama eege aanse uume. Inni uumama ilme namaatin dansa ch'alla hinjenne ammo GUDDO dansa jed'e.
- Waaqi ilme nama lafa dansa inni gubba jiraatu kenneefi.
- Waaqi ilme namaa nyaata inni gololfatu kenneefi. Waan isaa feesisa ch'ufayu inkenneefi.
- Inni jabeenna inni uumama ch'ufaan mohatu kenneefi.

**<u>Gaafi ballinaani Huji irra oolchuu malan:</u>**

- Bara arra keesati jabeenni Waaqa kara kamiin mullata? (Faaru 19 laali)
- Arra adunya iraati, milikeeti qulqulooma Waaqa nugarsiisu tokolleen jira? Yokhaan kha akka Waaqi injijiiramne nugarsiisu injira? Yokhaan kha akka Waaqi Waaqa qajeelumsaan wa tolchu, nugarsiisu injira? Tanaafi yo Waaqi d'ugumaan qulqullicha, tun akkam nud'ageesift? Akkam isaa owwaachu dandeenna?
- Yo atin qoommi fud'attee uumama ilaaltu- Mid'aagummaafi, guddiinaafi, qit'ooma isii yo laaltu- uf irra yokhaan waan Waaqa irra akkam d'ageeta?

**<u>Gaafi Hujji irra oolchu dandaan (Akka nam tokko yokhaan akka gurmuu):</u>**

- **Kara kamiin dandeenne tola-eeba Waaqa jireenna keenna keesati argina? Eebiti atin d'io Waaqa irra argatte jirti?** Wonti kunini akkam dandette ilaalcha Waaqa kha atin qabdu jijiirti? Ilaalcha jireena kankeeti kha guyya ch'ufa akkam dandeette jijiirti?
- Dubbiin Waaqa, Kitaabi Qulqulloni, waan Waaqa nuti hime, akka nu dandeenne isa beenne ammalle isaa jiraannulle nuti hima.

**Buqifati isaan beetu kha atin dandeette buqifatu jira?**